# Daandii METRO H Isa Haarawa


METRO
H Line

*Kallattii Como Avenue fi Maryland Avenue irraan tajaajilli geejjibaa saffisaan dhufaa jira*

Daandiin METRO H daandii geejjibaa saffisaa atoobisii (BRT) karoorfame yoo ta'u, kooriidarii Como Avenue fi Maryland Avenue irratti tajaajila geejjibaa saffisaa fi amanamaa ta'e kan kennuuf jedhudha. Atoobisiiwwaanii fi buufataaleen BRT mijatoodha, itti fayyadamuufis salphaadha.

Geejjibni METRO H daandiiwwan Washington Avenue, Pleasant Street, 15th, fi Como magaalaa Minneapolis keessaa, akkasumas daandiiwwan Como, Maryland, fi White Bear magaalaa St.Paul keessaa irratti tajaajila kenna.

Yeroo ammaa kanatti, kooriidariin Daandii H irra-guddinaan daandiiwwan 3ffaa fi 80ffaadhaan tajaajilama.




Odeeffannoo dabalataatiif, kana daawwadhaa **metrotransit.org/h-line-project**

## *Sagantaa Pirojektii Duraa* *(jijjiiramuu ni danda'a)*

- **2025-2026** — KAROORSUU
- **2026-2027** — BOCA TEEKNIKAA FI HOJIITTI HIIKUU
- **2028-2029** — IJAARUU


**PIROJEKTICHAAF NAMA QUUNNAMAMU:**
Alyssia Bell, Qindeessituu Tajaajila Hawaasa Biraan Gahuu
HLine@metrotransit.org


Metro Transit

metrotransit.org/h-line-project

11-13-1213867-26

# Geejjiba Saffisaa Atoobisii: Imala saffisaa, caalaatti amansiisaa fi daran mijataa

Metro Transit guutummaa naannoo Twin Cities keessatti walitti-hidhamiinsa sarara geejjibaa saffisaa atoobisii hojjechaa jira. Karaan baasii xiqqaadhaan tajaajila saffisiisu dhiyeessu kun muuxannoo maamiltootaa haalaan kan fooyyessuu fi namoonni hedduun yeroo hunda geejjiba kana akka fayyadaman hawwachuu isaa mirkaneessee jira.







## Buufataalee sadarkaa ollaa mijaa'ina qaban

Buufataaleen, akkuma baabura salphaa, muuxannoo nageenya qabuu fi mijataa ta'eef wantoota ta'an qabu.

- Odeeffannoo NexTrip dhufaatii fi ka'umsaa yeroo qabatamaa
- Ho'a, ibsaa nageenyaa, fi quunnamtii fedhii irratti hundaa'e
- Gulantaa lafatti dhiyoorraan koruu – gulataa dheeraa osoo hin ba'in atoobisii koruu
- Bakkeewwan biskileetii dhaabbatanii fi bakkeewwan kosii itti kuusan

## Bakkee dhaabbannaa muraasa, tajaajila ammaa ammaa

BRT'n guyyaa harka caalu daqiiqaa kudhan kudhaniin, buufata konkolaataa harka sadaffaa maayila tokkootii hanga walakkaa maayilaa irratti qabuun hojjeta.

Tokkoon tokkoon sarara geejjibaa irratti karoorri akkuma itti fufaa deemeen, Metro Transit gabaa fi fedhii tajaajila atoobisii naannocha keessaa dabalataa naannoowwan kallattii kanarra jiranii ni gamaaggama.

## Kaffaltii gatii geejjibaa konkolaataa koruun dura raawwatamu kan saffisaan dhaabbachuuf gargaaru

Balbala hundaan saffisaan yaabbachuuf, atoobisoonni BRT saanduqa kaffaltii geejjibaa hin qaban. Maamiltoonni akkuma baabura salphaa buufata sanatti tikeettii bitatu ykn Go-To Card tuqu. To'annaan kaffaltii konkolaataa bakka buutota TRIP'n kan raawwatamu ta'a.

## Bu'uraalee misoomaa haaraa saffisa guddisuuf oolan

Buufataalee fooyya'anii fi addaan fageenya buufataa bal'aa ta'een alattis, Metro Transit fi michoonni isaa daandiiwwan BRT kanniin daran saffisoo taasisuuf filannoowwan jiran qorachaa jiru. Filannoowwan jiran isaan kana:

- Deemsa itti fufuuf mallattoo ibsaaf dursa kennuu; atoobisoonni bakkee karaan walqaxxaamuru tokko tokkotti ibsaan magariisaa akka dursee boba'uuf ykn turtiin ibsaa magariisaa akka isaanii dheeratuuf "gaafachuu" danda'u.
- Atoobisootatti karaan akka hincufamneef daandiiwwan atoobisoota qofaaf ta'an kutaalee daandichaa irra jiraachuu



METRO